Talaalliwwan COVID-19: Maaltu Beekamuu akka Qabu

Eessattan talaallii fudhachuu danda'a?

Akkamittan beellama qabadha?

Ogeessa fayyaa keessan	Ogeessa fayyaa keessanitti bilbilaa yookin karaa marsaa intarneetii beellama qabadhaa
Kilinikoota tajaajila hawaasaa	Marsariitii keenya ilaalaa: **vaccinelocator.doh.wa.gov/**
Faarmaasiwwan naannoo	Yookin 1-800-525-0127 tti bilbilaa, sana booda # gadi qabaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.
Kilinikoota yeroo gabaabaf tajaajilan yookin sochootuu	Inni garaa gara. Waa'ee kilinikichaa hiriyaa yookin miseensa hawaasaa irraa dhageessan ta'a, ykn miidiyaa hawasaaa irratti. Akkamitti akka galmaa'an isaan gaafdhaa.

Beellama kiyyaaf maal fidee dhufuun qaba?

Kanneen armaan gadii gaafatamuu dandeess, garuu itti kennuu hin qabdan:

- waraqaa eenyummaa
- kaardii inshuraansii
- lakkoofsa nageenya hawaasaa (social securiyu number)

Talaallicha argachuudhaf dirqama lammii U.S. ta'uun isin irra hin jiraatu. Sadarkaa godaansaa keessanii isin hin gaafatan.

Odeeffannon dhuunfaa hojii fayyaa hawaasaa qofaaf fayidaarra oola.

Talaallichi hangam nama kaffalchiisa?

Baasii tokko malee talaallii argattu. Kaffaluu hin qabdan yookin nagahee kaffaltii fudhachuu hin qabdan.

Talalliin marsaa lammaffaa na barbaachisaa?

Talaalliwwan tokko tokko marsaa 2-3 fudhatamu. naannoo torban lamaa booda. Namoonni tokko tokko Guutummaatti dhibee isin irraa ittisuuf erga guutummaatti talaallii fudhattanii dooziiwwan dandeettii dhibee ittisuu dabaluu 1-2 barbaaduu ni malu.

Odeeffannoo dabalataaf, maaloo Hamma Humneessituu COVID-19 ilaalaa.

Pfizer-BioNTech	Umrii ji'oota 6 – waggaa 4: dooziiwwan 3, doozii 1ffaa booda guyyaa 21, guyyaaa 56 doozii 2ffaa booda Waggaa 5 fi sanaa ol: guyyoota 21n dooziiwwan 2 dooziwwan 2, garaa garummaa guyyoota 21 tin
Moderna	Umrii ji'oota 6 fi sanaa ol: dooziiwwan 2, guyyoota 21n
Novavax	Umrii 12 fi sanaa ol: dooziiwwan 2 guyyoota 21n
Johnson & Johnson	Umrii 18 fi sanaa ol: doozii 1

Odeeffannoo dabalataaf

Ilaalaa: COVIDVaccineWA.org yookin DOH.WA.GOV/Coronavirus

Bilbilaa: 1-800-525-0127, sana booda # gadi qabaa. Deeggarsi tajaajila afaanii jira.

Vaccinate WA
CovidVaccineWA.org

Fayidaa isaatiin alatti rakkoolee maalii qaba?

Miidhan gara biraa (side effects) isin mudachuu mala. Miidhaawwan masoo kunniin yeroo hedduu guyyoota tokkoo hanga lamaa turu.

Qaama keessan hundumaa irratti Dadhabbii:

- Dadhabbii
- Mataa bowwoo
- Dhukkubbii maashaa
- Dhaamochiisuu
- Qaama gubaa
- Haqqee



Irree bakka lilmoo waraannattan:

- Dhukkubbii
- Diimachuu
- Dhiita'auu

Talaalliwwan marsaa lamaan fudhataman ilaalchisee marsaa lammaffaa booda miidhawwan gara biraa (side effects) cimaa ta'e mudachuu danda'a.

Mallattoon alarjikii yoo isin irratti mul'ate 911 tti bilbilaa. Miidhawwan gara biraa gabaasuf (side effects) V-safe dhaaf galmaa'uu ni dandeessu: **vsafe.cdc.gov**.

Talaalliin tokko kan biraa irra wayyaadha?

Nuti talaallii Johnson & Johnson (J&J) yeroo tokkotti fudhatmu caalaa talaallii mRNA COVID-19 (Pfizer-BioNTech & Moderna) akka fudhattan gorsina.

Fudhachuu barbaaddu taanan talaalliin J&J ammas ni jira. Filannoo biraa barbaadda taanan, Novavax akka talaallii filannoo mRNAtti siif jira. Waa'ee filannoowwan keetii dhiyeessaa fayyaa kee waliin haasa'i."

Maal hojjata talaallin COVID-19?

Talaallin COVID-19 qaamni keessan dhibee akka ofirraa ittisuu fi hin dhukkubsanne shaakalchiisa.

Talaalliwwan kun naga qabeessaa?

Eeyyee. Talaalliwwan hundinuu **namoota kumaatama heddu** irratti kan ilaalameedha.

Namoota sanyii/gosti isaanii garaa gara ta'ee fi namoota rakkoolee fayyaa kanneen akka furdina, dhibee sukkaaraa, dhibee onnee, dhibee tiruu fi HIV qaban irrattis rakkoo akka hin finne mirkanaa'era.

Nageenyan wal qabatee rakkoon akka hin mudanne mirkaneessuf jecha Department of Health (Muummen Fayyaa) yeroo mara nageenya gabaasaa ni ilaala.

Talaallii maalifan dirqama fudhachuu qaba?

Talaallii fudhachuun bakka hojiitti nageenyi keessan eegamee akka deemtan akkasumas hiriyoota fi maatii keessan waliin yaaddoo malee akka wal faana taatan isin gargaara.

Sababa COVID-19 tiin carraan baay'ee dhukkubsachuu, hospitaala ciisuu yookin du'uu keessan baay'ee xiqqaadha.

Washington State Department of Health

DOH 348-804 October 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraatiin dookumentii kana gaafachuudhaaf 1-800-525-0127 irratti bilbilaa. Maamiltoota dhagahuu hin dandeenye yookin dhagahuudhaaf baay'ee rakkattan yoo taatan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbilaa yookin civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.